# Haala Hatattamaaf kan ta'u Bishaan Kuusi



**Tokko tokkoon namaa**




**Guyyoota hunda** **Guyyoota 3f**

## Marsaa Ji'oota 6






**Xuruursii tii Itti guuti**

## Itti Hinfayyadamiin




**bishaaan kuusuuf**

City of Seattle

Seattle Emergency Management

Seattle Office of Emergency Management
www.seattle.gov/emergency
206-233-5076

Seattle Public Utilities

# Haala Hatattamaaf kan ta'u Bishaan Kuusi

**Balaawwan kan akka socho'insa lafaa sirna bishaanii hubuu danda'u. Miseensota maatii kee hundaaf bishaan gahaa kuusuu qabda yoo xiqqaate guyyoota sadiif kan ta'u.**

## Akkaataa Bishaan yeroo Rakkina Hatattamaaf ta'u Kuusan

Gaaloonii kan cuunfaa baatan bishaan keessatti kuusuuf qaruuraale haalaan miijatan dha, gulantaalee kana yoo duukaa buute.

- Qaruuraan qulqulluu akka ta'e mirkaneessi. Qaruuraa keessa Maankaa 1/8 kan ta'u bliichii fi bishaan burcuqoo 2 naqi. Qadaadiitii amalaan qaruuraa sochoosi. Qadaadaa fi qaruuraa gubbaa miicuu kee mirkaneessi.

- Xuruursii tii bishaan haaraatiin guuti, hanga qaruuraa gubbaa gahutti. Gubbaa isaa jabessitee erga cufteen booda bishaan yeroo balaa dhugamu jedhii qaruuraa irraati maxxansi. Guyyaa qodaa guutte maxxansa irratti katabi.

- Bishaan hanga dandeesse baay'inaan kuusi! **Gaaloonoota sadii mata mataa namoota** maatii keetiif yoo kuuste ni filatama.

- Ji'oota jaha jahaan xuruursii ti qaruuraaleetti guuti. (Yammuu arfaasaa fi birraa keessa sa'atii jijjiirtu qaruuraalee xuruursanii bishaaniin itti guutuuf ni mijata.

AKEEKKACHIISA: Itti hinfayyadamiin **xaarmusiiwwan** (salphaatti cabu), **qaruuraalee aannanii kan plaastikii** ( cufuuf nama rakkisu ammas salphaatti cabu) ykn **qaruuraalee bliichii ykn summii kemikaaloota bira ofi** keessaa qabaa turan.

